# **HIRKOO QABDAA?**

Hirkoon jireenya namaatiif barbaachisaa dha. Hirkoon gaafa dhiibamuu, gaafa dadhabbii, gaafa rakkoo tiif namaaf ta'a. wanti itti hirkatamu hundumtuu jabaa ta'uu qaba. Yoo kanaa achii nama fudhatee jiguu danda'a. Ati kan itti hirkattee jirtu maalii? Hirkoon beekamaan hawwaasa keessatti mul'atu: fira, qabeenya, beekumsa, shaakala/muuxannoo ofiif qaban ta'a. kun hundumtuu garuu yeroo hundaa hirkoo dhugaa miti. Yeroof nama hirkisuu danda'a. Erga wanti abdatamanii f i itti hirkataman kun hundumtuu hamma dhumaatti nama gargaaruu hin danda'an ta'ee, abdiin namaa maal ree?

Oduun gammachiisaan tokko garuu jira. Hirkoo amanamaa ta'uu kan danda'u tokko dhala namaatiif 'argameera'. Argameera jechuun kun haaraatu uumame jechuu otuu hin ta'in, wallaaluu fi kan biroo caalchifachuu irraa kan ka'e achi dhiibamee waan tureef jijjiirama murtii agarsiisuuf.



"*Ammas Waaqayyo itti fufee,'Namni* nama amanatu, *jabina* hirree fonii kan abdatu, yaada isaas Waaqayyo irraa kan deebisu *abaaramaa dha*. *Inni akka muka baalli irraa harca'ee, kophaa isaa lafa onaa keessa ijaajjuu, isa akka lafa gogaa waa biqilchuu hin dandenyee, akka lafa soogiddaa iddoo namni keessa hin jiraannee keessatti argamuu ti; wanti gaariin yemmuu dhufus arguu hin danda'u.*

*Garuu namni ana Waaqayyoon* amanatu, *ana duwwaattis kan* of kennu, *haa gammadu! Namni akkasii akka muka yaa'aa bishaanii qarqara dhaabamee, hiddisaa gara bishaaniitti yaafatuuti; mukichi ho'i yemmuu dhufu* hin sodaatu, *yeroo hundaa* in lalisa, *caamsaan isa* hin yaaddessu, *yeroo yeroottis* ija in godhata'."

Amma egaa 'hirkoo anaaf ta'a' jettee kan ati itti of kennite eenyu akka ta'e sirriitti adda baafachuuniif hirkoo dhugaa ta'uu isaa mirkaneeffachuun baay'ee barbaachisaa dha.Wanti



guddaan ati hubachuu qabdu garuu eenyus yoo ta'e maal akka Waaqayyootti hirkoo dhugaa siif ta'uu hin danda'u.

Gooftaan Yesuus, "*Ana buddeenni jireenyaa, gara koo kan dhufu hin beela'u, kan anatti amanus matumaa hin dheebotu*"(Yohaannis 6: 35). "*Abbaan koo, namni ana ilma isaa argu kan anatti amanus hundinuu jireenya bara baraa akka qabaatu in fedha; anis immoo* ***guyyaa booddeetti du'aa isa nan kaasa***"(Yohaannis 6:40) Hubadhu, asitti namni hirkoo kam iyyuu sababa qabuuf abdii guddaa ammanaa ga'u hin argatu; yoo hirkoo isaa isa jalqabaa Waaqayyoon godhate malee (luqqisii kana irra deebi'ii dubbisi).

"*Dhuguma, dhuguman isinitti hima, namni amanu jireenya bara baraa qaba. Ana buddeenni jireenyaa*" Yohaannis 6:47. Egaa wantoota namni itti amanachuu danda'an keessaa kamtu abdii jireenya bara baraa namaaf kennaa? Qabeenyaa

yoo ta'e, firas yoo ta'e, beekumsas yoo ta'e hundumtuu amma lafa kana irra jiraatanitti, innumtuu haalaa fi yeroon murtaa'aa dha. Isaan kun hundumtuu nama dhukkubsachiisuu fi wal'aanuu danda'u malee du'a oolchuu hin dand'an. **Yesuus garuu du'a bara baraa nama oolcha!** Inni yeroo hundumaa fi haala hundumaa keessatti amanamaa fi danda'aa dha.

Fayyuu fi itti hirkachuu kee keessatti Waaqayyo iyyuu si gargaara; dadhabbii keenya inni beekawoo. "Kiristoos nama amanu hudumaa gara qajeelummaatti geessuudhaan seericha iddoodhaan in ga'a" Romaa 10:4 "***Namni garaa isaatti amanee qajeelaa ta'a, afaan isaatiinis beeksisee in fayya***" Romaa 10:10.

Kanaafuu, ati hirkoo kee Waaqayyoon godhachuu fi abdii jireenya kee isa godhachuu ni feeta yoo ta'e; du'a jalaa ooluuf sababii argatte.



Goofticha jireenyaa kanas garaa kee guutuu, amantiidhaan, gara jireenya keetti akkana jedhii waami:


"***Yaa Waaqayyo, hamma hara'aatti hirkoo dhugaa anaaf ta'uu kan hin dandeenyetti hirkadhee, siin isa hirkoo dhugaa immoo dagachuu kootiif dhiifama anaaf godhi. Jaalala ajaayibsiisaa jireenya kootiif qabduuf immoo galatoomi. Ammas yaa Yesuus cubbuu ani godhee ittiin si gaddisiise hundumaa anaaf dhiisi. Yeroo ammaatii jalqabee immoo hirkoo jireenya koo fi amanannaa koo siin godhadheera. Gara jireenya kootii kottu. Nama yaadni garaa keetiiitti gammadu ana godhadhu. Jireenya bara baraas anaaf kenni. Maqaa isa ittiin ana jaalatte tokkicha ilma kee Goftaa Yesuus Kiristoosiin. Ameen***".

**Gaaffii ykn yaada yoo qabaatte teessoo kanaan nu qunnami ykn nuuf barreessi:**

Sagalicha Dhiigicha Hafuuricha
teklu@sagalichadhiigichahafuuricha.com



# HIRKOO DHUGAA –




# Yesus!